

Adeemsi Qabsoo Qeerroo Bilisummaa Oromoo Adeemsa Qabsoo jaarraa 21ffaati (Kan dabreerraa kan itti fufe)

Lafa kana kan uume Waaqa yoo ta'ellee, lafa Oromiyaa kana irratti eenyuuyyuu dura kan uumame Oromoo waan ta'eef, lafti kun kennaa Waaqni Oromoof kennedha. Kanaaf lafti kun kan Oromooti! Akkasumatti Waaqxi ardiilee kaanittis biyyoota hundatti uummata uumeera. Biyyootni kunneen lafa Waaqxi isaaniif kenne seera ittiin tikfatan niqaban. Lafti uumaa waaqaa ta'us, abbaan arge akkuma arge utaalee biyya namaatti hin seenu.

Kankeenya garuu lafuma keenya irratti; biyya abbaa keenyaa irratti kan silaa warra kaan gabbarsiisnee of jalatti seera keenya keessatti bulchuu malletti nuti halagaa biyya keenya seeraa ala humnaan nudhaaltee koloneeffatte gabbarree bulaa jirra. Yeroo har'aa biyyattii kana irratti kan gibira ol aanaa kaffallu Oromoodha. Kan vaatiifi taaksii kkf biyyattiif galchu Oromoodha. Sharafa biyya alaatiis kan argamsiisu qabeenyaa Oromoofi Oromiyaati! Albuuda Oromoof Oromiyaa kanneen akka warqee Shaakkisoo, pilaatiniyeemii Yuubdoo, Oppaalota Harargeefi godinaalee hedduu saamanii gurgurachaa jiru.

Bunaafi jimaa gogaa beeyladaa, oomishoonni qibaa kanneen akka nuugii, salixaafi suufii kkf Oromiyaarraa maddan.

Lafeen dugdaa dinagdeefii jiruu biyyattii kanaa Oromoofi Oromiyaadha! Habashoonni somba Oromoofi Oromiyaatiinidha hafuura baafatu!!

Akkasumaafuu garuu, Oromoon biyyattii irratti qooda qabaachuu qabu hin arganne! Simatee, keessummeessee, kennee, nyaachisee, obaasee, guddisee, jiraachisee, tajaajilees...galata hin qabu!

Hinumaatuu, akka lammii biyya kanaatti hin amanamu. Nishakkama! Badii tokko malee ni hidhama, ni ajjeefama, ilmaansaa nagaan barachuu hin danda'ani, ni guraarfama,, ni dararama,, biyyuma isaa irratti anfariiree wiligee jiraata, ykn biyyarraa godaana, dachee isaa irraa buqqaa'ee dhaalama, mirga uumamaafii dimokraasii dhabee akka lammii lammaffaatii gaditti ilaalama. Jaarraa mirgi bineensaafii biqilootaallee eeggamaa jirutti, Oromoon, mirgas; biyyas dhabe!!

Orommummaan uumamuun yakka ta'ee, eenyummaa habashootaa himachuufi afaan isaanii dubbachuuf dirqame. Afaan Oromoo bahaara/galaana guddaa ta'ee haroo xiqqootiin liqimfamee argama. Har'a Oromoon qooda saba xiqqoo tokkollee hin qabu.

Hinumaayyuu, saboota hunda biratti Oromoo jechuun yaaddoo biyya kanaa akka ta'e hololuun Oromoo irratti kakaasuuf dubbii xaxanii waraansisuuf yaalu.

Gaarummaan Oromoo sirni guddifachaafi madaqsuu Oromoo, Keessummaa simachuufi wajjiin nyaachuun.....akka dagatamu gochuuf Oromoo seexana fakkeessanii ittiin saboota kaan doorsisan.

Oromoon bifa kanaan jiraatee gabrummaa dhaloota irraa dhalootatti dabarsuurra, fala sadii qaba! Biyya humnaan dhaalame humnaan deeffachuuf qabsoo hidhannoo qe'ee hundatti jabeessee diina dhaabaa dhaabbata dhabamsiisuun bu'uraa murtiiti! Fincila uummataa guutuu biyyattiitti kaasee addunyaa agarsiissun tarsiimoo lamataa ta'uun ejjennoo lamataati! Bu'aalee oomisha qonnaafi qabeenya uumamaa isaa diinnan isaa irraa ugguruudhaan akka salphaatti biyya isaa diina halagaatiin koloneeffatamee dhaalame harkatti deeffachuu danda'a!!!

Habashoonni gaafa Oromiyaa seenani hundisaanii harka qullaa qumxaafi miila qullaa seenani shiggireefi ilmee illee qabeenya tokko hin qaban ture. Har'ammoo Kaampaaniileen daldalaa gurguddoon harka isaaniiti! Daldala Sharafa alaa/export import to'atanii jiru! Gumruk madda galii isaaniiti. Daldaloonni xayyaaraan taasifaman, Markabootaan taasifaman gurguddoon hojii isaaniif qofa qoodamedha. Oromoon qooda keessaa hin qabu. Meeshaaleen baaburaan daldalaman, konkolaataa wal harkisuun kan socho'u habashootaafi habashoota qofadha! Gamolee gurguddoon biyyattii warshaaleen hundumtuu kan habashootaati. Hootelloonni gurguddoon daldaloonni turizimii kan isaaniitti. Kan seenaa qabus isaan qofa akka ta'etti lakkaa'ama, Amma ammammoo matuma galanii sababa investerootaan lafoota qonnaa gurguddoo biyya keenyaa kan saamee jiru habashoota keessaafuu wayyaaneedha!.....

Kaan hafee qe'ee keenya keessatti bakka hundatti kan dhiichisaa oolee bulu habashoota waan ta'eef qilleensi biyya keenyaa illee wallee habashootaan qabamee jira!!! Lafa keenya irratti kan dhiichisu isaanidha! Garmalee nutuffachuu isaaniirraa kan ka'e hooteelotaafi geejiboota konkolaataa keessattillee Afaan Oromoo akka dhagahamu hin hayyaman!!

Diinnan keenya habashoonni har'a taayitaa irra jiran, qawwee of harkaa qabu, matariyeesii, isnaayiparii, taankii...harkaa qabu.

Oromoon ammo taankii taankii caalu of harkaa qaba!!

Xaafii isaan nyaatan harka Oromooti jira! Qamadiin garbuun, boqqolloon,,...harka Oromooti jira!

Bishaan isaan dhugan harka Oromooti jira! Ibsaa isaan ibsataniifi warshaalee ittiin sochoosan kan laatu Oromoofi Oromiyaadha! Riqichi isaan irra adeeman kan jiru Oromiyaa irra!

Timaatimaafi qullubbiin, qaccee irraa jalqabee hanga oomisha fooniitti, dhadhaan, aannan, Killeen, lukkuuleen, re'oonni, hoolonni, sangoonni....walumaa galatti Oromoon bu'aa “ “ Oomishoota qonnaa kiyya diinnan kiyyatti gabaa baasee hin gurguru!” jedhee walii galee baatiilee muraasaaf otoo oomisha qonnaa isaafi qabeenya uumamaa isaa keessaafuu bishaaniifi ibsaa dhorkate, Oromoon mana manasaa taa'ee qawweefii taankii isaanii booji'a!!!

Waan isaan Oromoofi Oromiyaarraa barbaadan malee, Oromoofi Oromiyaan waan isaan irraa barbaaddu tokkollee hin qabdu!

Oromoon huccuusaa erbatee waggoota kudhaniifi achii ol taa'uu danda'a. Isaan garuu, otoo hin nyaatiin guyyoota kudhaniifillee jiraachuu hin danda'ani. Oromoon bakka sukkaaraa damma, soogiddas hora irraa qe'ee isaatii baafachuu danda'a..Akkaataa kanaan tarkaanfii yoo fudhate....

Haala salphaa ta'een biyya ofii irratti bakka isaaf malu qabata! Waan isaaf malu hundaayyuu argata! Tolaan otoo hintaane dirqisiisee! Bortaan! Funyaan uraan!! Mootomee nagaan jiraata!!

Oromoon biyya isaarra darbee, guyyaa tokko akka Ameerikaan yeroo har'aa addunyaa irratti olaantummaa qabdutti, Afrikaa Baha irratti waraan cimaafi ol'aantummaa qabu niqabaata!!...” Qeerrichi Walabummaafi Bilisummaa barbaacha kutatee manaa ba'e, Waan barbaadu hamma argatutti kan of duuba isa deebisu hinjiru! Gonkuma! Silaayis, nama Walabummaafi Bilisummaasaa dhabee barbaacha falmaa seene maaltu dhaabuu danda'aree????!!! Milkiifii Injifannoo malee?! Ee Injifannoo!!

Milkoomina injifannoo kanaaf ammo hundi keenyayyuu qooda nurraa eegamu gumaatuufi ba'uu qabna.

Akkuma olitti ibsuuf yaalametti Oromoon waan sadan jedhaman kanneen irratti xiyyeeffatee socho'uu qaba.

Oromoon bifa amma jiraatu kanaan jiraatee gabrummaa dhaloota irraa dhalootatti dabarsuurra, fala sadii qaba! Biyya humnaan dhaalame humnaan deeffachuuf qabsoo hidhannoo qe'ee hundatti jabeessee diina dhaabaa dhaabbata dhabamsiisuun bu'uraa murtiiti! Fincila uummataa guutuu biyyattiitti kaasee addunyaa agarsiissun tarsiimoo lamataa ta'uun ejjennoo lamataati! Bu'aalee oomisha qonnaafi qabeenya uumamaa isaa diinnan isaa irraa ugguruudhaan akka salphaatti biiyya isaa diina halagaatiin koloneeffatamee dhaalame harkatti deeffachuu danda'a!!!

Injifannoon Beeddellee boycott irratti argame, hanga bilisummaatti dameesaafi tarsiimoo isaa bal'ifatee itti fufuu qaba.

Keessaafuu hayyootiin Oromoo dhimma kana irratti hojjechuu qabu! Tarsiimoom wixinamee sirnaan hojiirra ooluu qaba.

Mediyaaleen mirga Oromoof falman dhimma kana aweessuun leellisaniidhaadheessanii hubannoo uumuufi waliin gahuu qabu.

Akkasumas barattootiin yuun varsiiitiifi achii gad jirtan hunda caalaa yeroo ganna gara qe'eetti deebitan dhimma kana irratti akka gaariitti hubannoo uummataa cimsuun guyyaa dhimmi kun akka hojiirra oolu labsametti akka hojiirra oolchan akka godhan hubachiisuun isinirraa eegama.

Dhaabbileen kanneen akka ABO karaa caasaalee jiraniid dabarsan diqama hangafa qabaachuu qabu.

Sochiin hubannaa uumuu ammarraa jalqabee itti fufuu qaba. Kun Waamicha Qeerroo Bilisummaa Oromooti!

Wareegama xiqqaa ta'een akkaataa salphaa ta'een injifannoo galmeessuu ni dandeenya. Kana gochuun ammo mirgadhas!

Dirqamadhas!

Adeemsi Qabsoo Qeerroo Bilisummaa Oromoo Adeemsa Qabsoo jaarraa 21ffaati!

(Hariiroo Jorgoo - Qeerroo Bilisummaa Oromoo – Oromiyaa!)

Waxabajjii 29,2015 Finfinnee